
# HUMNA DU’AA KA’UU KIRISTOOS



Barnoota 8ffaa Hagayya 22, 2026


“Kiristoos du’aa hin kaafamne erga ta’ee, lallabuun keenya dhimma hin baasu, amanachuun keessanis dhimma hin kutu. . . . Kiristoos du’aa hin kaafamne erga ta’ee, amantiin keessan immoo waa’ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isini irra jiru.” (1 Qoron. 15:14–17)



Akka falaasama warra Giriikitti – tiyoorii Pilaatoo irratti hundaa’uudhaan – qaamni inni hamaan kun, hidhamaa lubbuu hin duuneeti. Yaada kana irra dhaabachuudhaan, qaamni du’aa ka’uun warra Giriikiif ykn warra Roomaatiif, hiikkaa maalii qaba?

Sababa kanaatiif, warri Qorontoos jiraachuu du’aa ka’uu amanuu didan. Dhimma kana Phaawuloos xalayaa isaa warra Qorontoosiif barreesse isa duraa keessatti ibseera.



Kun dhimma salphaa miti. Du’aa ka’uun kallattiidhaan fayyinaa wajjin walitti hidhata. Du’aa ka’uun hin jiru taanaan… wangeela lallabuun maaliif barbaachiseree?

## Du’aa ka’uu Yesuus

Du’aa ka’uun taatee seenaatii?
(1 Qoront. 15:1-11)

## Bu’aa du’aa ka’uu Yesuus

Utuu Kiristoos du’aa hin kaane ta’eehoo?
(1 Qoron. 15:12-19)

Du’aa ka’uun wabii maalii qaba?
(1 Qoront. 15:20-34)


## Du’aa ka’uu keenya

Qaama maaliitiin du’aa kaana?
(1 Qoron. 15:35-49)

Yoom du’aa kaana?
(1 Qoront. 15:50-58)

# DU'AA KA'UU

# YESUUS



# DU'AA KA'UUN TAATEE SEENAATII?

"Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera; innis caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti, Kiristoos cubbuu keenyaaf du'eera; Inni awwaalameera, caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafameera." (1 Qoront. 15:3-4)

Utuu dhimma du'aa ka'uu isa warri Qorontoos irratti shakkii godhatan hin kaasin dura, Phaawuloos wangeelli akkamitti akka hojjetu yaadachiisa (1 Qor. 15:1-2)

In lallabama → In fudhatama → Namni itti jabaata → Fayyinni ni fudhatama

And what is the gospel that is preached? (1 Cor. 15:3-4)

Kiristoos cubbuu keenyaaf du'e → Kiristoos ni awwaalame → Kiristoos guyyaa 3ffaatti du'aa ka'e

Du'aa ka'uun taatee seenaa akka ta'e akkamitti beekna? Yesuusiin Isa du'aa ka'e eenyutu arge? (1 Qor. 15:5-8)

Pheexiroosi i fi warra 12n → Obboloota 500 ol → Yaaqoobii fi bartoota → Phaawuloos "isa hanquu"


Wangeelli hojii Waaqayyoo isa "akka Macaafa Qulqulluutti" hojjetamu dha. Innis, karoora dursee qabame isa du'aa ka'uun shoora bu'uuraa keessatti taphatu dha. Namni shakkii qabu jiraa? Dhuga baatota yeroo sana turan haa gaafatan!








# BU’AA DU’AA KA’UU YESUUS







# UTUU KIRISTOOS DU'AA HIN KAANE TA'EEHOO?

"Kiristoos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, lallabuun keenya dhimma hin baasu, amanachuun keessanis dhimma hin kutu." (1 Qoront. 15:14)



Jiraachuu du'aa ka'uu haaluun, amantii Kiristiyaanaa dhaabbannaa dhabsiisa, sababni isaa "warri du'an ka'uun hin jiru erga ta'ee, Kristoosis immoo du'aa hin kaafamne" (1 Qoront. 15:12-13). Yesuus du'aa hin kaane taanaan immoo...

- Wangeela lallabuun akkasumaani [hiikkaa hin qabu] (1 Qor. 15:14a)
- Amantiin keenya akkasumaani [hiikkaa hin qabu] (1 Qor. 15:14b) [faayida-maleessa] (1 Qor. 15:17a)
- Nuy dhuga-baatota sobduu dha (1 Qor. 15:15)
- Nuy amma iyyuu cubbuuma keenya keessa jirra (1 Qor. 15:17b)
- Warri du'an deebi'anii hin jiraatan (1 Qorontoos 15:18)



Du'aa ka'uun hin jiru taanaan, Yesuus nama qajeelaa sababa malee ajjeefame, fayyisuu hin dandeenye dha jechuu dha. "Amma garuu Kiristoos warra du'an keessaa kaafameera" (1 Qoront. 15:20a) . Fayyisaa JIRAATAA qabana.

Sababa kanaa, wangeelli hiikkaa namaaf kenna; amantiin keenyas akkasuma; nuy dhuga-baatota amanamoodha; cubbuun keenya nuuf dhiifameera; warri Kiristoositti du'anis du'aa ni kaafamu.



# DU'AA KA'UUN WABII MAALII QABA?

"Amma garuu Kiristoos warra du'an keessaa kaafameera, warra obbaafatan keessaas isatu jalqaba ka'e." (1 Qoront. 15:20)



Wabiin jalqabaa du'aa ka'uu Yesuusiin warra karoora fayyinaa fudhataniif kenname – Addaam irraa kaasee hamma xumura lafaatti warra jiraniif – yoo duune illee deebinee ni jiraanna. (1 Qor. 15:20-23).



Erga du'aa kaanee booda maaltu taa'a? Du'a mo'achuudhaan, Yesuus diinota Isaa injifateera (1 Qor. 15:25-26). Sana booda, Yesuus waan hundumaa Abbaatti dabarse, akkasittis "Waaqayyo waan hundumaa harka jala galfate" (1 Qor. 15:24, 28).

Wabii gara fuulduraatti arganne kana malee, Phaawuloos wabii lama kan jireenya keenya guyyaa guyyaa irratti dhiibbaa qabu nuuf kenna:



1 Qoront. 15:30-32

Dhiphina ykn balaa yoo qabaate illee, wangeela lallabuun nuuf mala.



1 Qoront. 15:33-34

Jireenya qajeelfama Macaafa Qulqulluu wajjin adeemnu jiraachuun nuuf mala.

# DU'AA KA'UU

# KEENYA



# QAAMA MAALIITIIN DU'AA KAANA?

"Ka'uun warra du'aniis akkasuma ta'uuf jira; wanta badutu awwaalama, wanta hin badnetu kaafama;" (1 Qoront. 15:42)

**Wal-tarree qaama isa du'aa ka'ee:**

## Qaamota biqilaa (1 Qor. 15:35-38)

- Sanyiitu faca'a



- Midhaantu haamama



- Waaqayyo biqiloota hundaaf qaama barbaade kenna



## Qaamota qaamaa (1 Qor. 15:39)

- Qaamota namaa



- Qaamota bineensaa



- Qaama Qurxummii



- Qaama Simbiraa



## Qaamota samii (1 Qor. 15:40-41)

- Ulfina aduu



- Ulfina ji'aa



- Ulfina urjootaa



- Hundinuu, ulfina ofii isaatii (ifa) qaba




# QAAMA MAALIITIIN DU'AA KAANA?

"Ka'uun warra du'aniis akkasuma ta'uuf jira; wanta badutu awwaalama, wanta hin badnetu kaafama;"
(1 Qorontos 15:42)

**Garaa garummaan qaama ammaatii fi qaama du'aa ka'ee maali? (1 Qor. 15:42-44)**

| Qaama ammaa | Qaama du'aa ka'e |
| --- | --- |
| Kan du'u | Kan hin duune |
| Ulfina kan hin qabne | Ulfina qabeessa |
| Dadhabaa | Humna qabeessa |
| Namummaa | Hafuurummaa |








Addaam qaama lafarraa qaba ture, Addaam Inni lammataa [Yesuus] qaama waaqarraa qaba. Yeroo du'aa ka'uutti, qaamni keenya gosa qaama Kiristoositti geedderama, innis, kan hin duune, ulfina qabeessa, humna qabeessa, hafuuraa, fi qaama samiiti (1 Qor. 15:45-49).

# YOOM DU’AA KAANA?

“Nuy hundumti keenya in geeddaramna malee, hin duunu; dhoksaan ani isinitti himuuf jedhes isa kana.—.” (1 Qoront. 15:51)



Utuu guyyaa du’aa ka’uu hin murteessin, guyyaa sana qaamni keenya maal akka ta’us utuu adda hin baasin, Phaawuloos “foonnii fi dhiigni mootummaa Waaqayyoo hin dhaalu” jedha (1 Qor. 15:50). Sana jechuun, du’aa ka’uu booda qaama qabatamaa hin qabnu jechuudhaa?



“Foonnii fi dhiigni” yeroo hundumaa “namummaa” ibsuudhaaf itti dhimma baa’ame (Maat. 16:17; Gal. 1:16; Efees. 6:12; Ibro. 2:14). Phaawuloos asitti wal tarree waa kaa’a: jiraattotni lafa irraa = ni du’u; jiraattotni waaqa irraa = hin du’an. Asitti qaama tortoru qabna, kanaaf fudhannee samii dhaquu hin dandeenyu.

Dhufaatii isa lammataa irratti, qaamni inni du’u kun gara qaama isa hin duunee, sanyii isa Yesuus ittiin du’aa ka’eetti geedderama (1 Qor. 15:51-55; Luq. 24:36-40).

Warra Yesuusitti boqotaniif, akka waanta battalumti tokko darbeetti itti dhagahama. Sekondii tokko dura du’uu isaaniitu itti dhagahame, amma immoo Yesuus utuu dhufuu argan (1 Qor. 15:52).





EGW (The Faith I Live By, June 23)

“Du’aa ka’uun Yesuus, fakkeenya warri Isatti boqotan hundinuu dhuma irratti kaa’aniiti. Qaamni Fayyisaa Isa ka’ee,  amalli Isaa, dubbannaan Isaa hundinuu hordoftoota Isaatiif haaraa miti. Akkuma kanatti warri Yesuusitti boqotan deebi’anii ka’u. Akkuma bartoonni Yesuusiin beekanitti, hiriyoota keenya ni barra. Yooma jireenya du’u ammaa kanaan: naafa, dhukkubsatoo, ykn bifa kan badan taa’an illee, qaama isaanii isa du’aa ka’uu fi ulfina qabeessa sanaan, eenyummaan isaan ittiin beekaman sirriitti turfama, ifa ulfina qabeessa Yesuus irraa calaqqisuun, fuula isaanii isa calaqqisuu fi danaa fuula warra jaallannuu ni hubanna.”